Waa afur namni isa keessatti argame munaafiqa qulqulluu ta'e, isaan keessaa wanti tokko namni isa keessatti argame hanga isa dhiisutti gosti munaafiqummaa tokko isa keessatti ta'e: yeroo dubbatetti ni kijiba,yeroo irbuu seenetti ni gana, yeroo beellametti ni diiga, yeroo falmetti daangaa darba

Abdullaah ibnu Amrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Waa afur namni isa keessatti argame munaafiqa tahe, isaan keessaa wanti tokko namni isa keessatti argame hanga isa dhiisutti gosti munaafiqummaa tokko isa keessatti ta'e: nama yeroo dubbatetti kijibu, yeroo beellametti diigu, yeroo falmetti daangaa dabruu fi yeroo waadaa (irbuu) seenetti ganu».

[sirrii] [رواه البخاري ومسلم]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gosota afur muslima keessatti gosti afur yeroo wolitti qabamanitti sababaa gosoota afran kanaatiin haalaan munaafiqootatti kan fakkaatu ta'a, kun nama gosootni afran kun isa keessatti irra hedduu ta'eefi, namni darbee darbee isa keessatti argamu kana keessa hin seenu, isiinis: inni jalqabaa: yeroo dubbatutti beekaa soba, dubbii isaa kessatti dhugummaa hin qabu. inni lammaffaan: irbuu yeroo seenetti isa hin guutu, nama irbuu seeneef immo ni gana. inni sadaffaan: beellama yeroo seenetti isa hin guutu, isa diiga. iinni afraffaa: yeroo namaan wol falmee fi wol loletti falmiin isaa jabaadha, haqa irraa jal'ata, deebii isaa fi ragaa isaa keessatti mala hojjata, akkasuma dharaa fi kijibas dubbata. munaafiqummaan waan garaatti yaaduun alatti kan biraa mul'ifachuudha, hiikkaan kun nama haala kana qabu keessa jira, munaafiqummaan isaa haqa nama isaan dubbatee, haqa nama waadaa isaaf seenee, haqa nama isa amanee, haqa nama isa falmee fi haqa nama beellama seeneefii keessatti ta'a, malee islaamummaa keessatti munaafiqa islaamummaa mul'ifatee kufrii dhokfota jechuu miti, namni gosoota kanneen keessaa tokko isa keessatti argame; hanga isa dhiisutti gosti munaafiqummaa tokko isa keessatti ta'eera.


النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY


لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee